**Hariiroon Firooma Seenaa fi Ollummaa Gaarii ummatni Oromoo fi Ummatni Sidaamaa Waliin Qaban Shira Sirna Wayyaaneetiin Hin boora'u**

**Ibsa Waloo Adda Bilisummaa Oromoo fi Adda Bilisummaa Sidaamaa**

Imaammata qoqqoodanii bituutiin bara baraan aangoo irra jiraachuu kan hawwu mootummaan Wayyaanee ummatoota nagaan waliin jiraatan tahe jedhee walitti buusuu irraa yeroo itti dhaabbate hin qabu. Eega aangoo siyaasaatti dhufee qabee yeroo adda addaa fi bakka adda addaatti sabaa fi sablammoota adda addaa walitti buusuudhaan, lubbuun kumoota hedduu akka baduu fi qabeenyi birrii miiliyoonota baayéetti shallagamu akka mancaú sababa tahee jira.

Sirni farra nageenyaa fi badhaadhina ummatootaa tahe kun gochaa isaa abaaramaa kana itti fufuudhaan gidduu kanas ummata Oromoo fi ummata Sidaamaa tahe jedhee walitti buusuuf ifaa fi dhoysaadhaan hojjechaa jiraachuun hubatameera. Haaluma kanaan godinaa Arsii ona Ajjee fi Godinaa Sidaamaa ona Hawaasaa gidduutti kan argamtu ganda Riimaa Dhaadessaa jedhamtu keessatti jiraattota naannichaa kan tahan dhalattoota Oromoo fi Sidaamaa gidduutti walitti buíinsa dhalcheera. Walitti buíinsi kun kan dhalate shira ergamtootni Wayyaanee gama lamaan irraa xaxaniin yoo tahu, sababa kanaanis balaan lubbuu namaa fi qabeenyaa irra gahuun beekameera.

Sababni mootummaan Wayyaanee walitti buíinsa gaddisiisaa kana dhalcheef sababoota amma dura walitti buíinsota biroo dhalchaa yoona gahe irraa addummaa hin qabu. Yeroo hundumaa ummatoonni tumsa jabaa tolfatanii diina waloo isaanii kan tahe mootummaa aangoo irra jiru irratti qabsaawuu manna walii isaanii akka shakkan, wal irratti akka xiyyeeffatan, wal waraansa gidduu isaaniitti dhalfamuun muddamanii humnaa fi yeroo silaa diina waloo rukutuuf oolchuu malan akka qisaasanii fi walii isaanii wal dadhabsiisanii bara baraan sirna cunqursaa jalatti jilbeenfatanii akka bulan tolchuuf shirri walitti buíinsaa kun xaxama.

Keessumattuu sirni Wayyaanee yeroo kanatti tahe jedhee ummata Oromoo fi ummata Sidaamaa gidduutti rakkoo walitti buíinsaa kan dhalchaa jiruuf gaaffii mirgaa ummanni Sidaamaa magaalaa guddittii Hawaasaa irratti qabu dhageessisaa jiruun kan wal qabatu dha. Mootummaan Wayyaanee waggoota kudhan duras naannoo Hawaasaa bakka Looqee jedhamtutti ummata baala jiidhaa qabatee gaaffii mirga abbaa biyyummaa isaa gaafachuuf hiriira bahe aduu saafaatiin rasaasa itti roobsee nama 100 ol fixuun hin dagatamu.

Sirni hammeenyaan guutame kun karaa tokkoon ummata Sidaamaa olloota isaa karaa Kibbaa waljjin wal dhabsiisuuf jecha dhimma magaalaa Hawaasaa irratti falmii yoo haaromsiisu, karaa biraanis fira isaa seenaa fi ollaa bara dheeraa kan wal fuudhee wla irraa horaa jiraatu ummata Oromoo wajjin walitti buusuuf halkanii fi guyyaa hojjechaa jira. Walitti buíinsi amma dhalattoota Oromoo fi Sidaamaa gidduutti ganda Riimaa Dhaadessaa keessatti dhalfamaa jiru kunis qaamuma ummata Sidaamaa fi ummata Oromoo karaa hundaan rukutanii mogolee buusuuf yaaluuti jennee amanna. Gabaabumatti shiroota yeroo adda

addaatti ummata Oromoo olloota isaa wajjin wal dhabsiisuuf xaxamaa ture tu ummata Sidaamaa irrattis raawátamaa jira jechuutu dandaáma.

Addi Bilisummaa Oromoo (ABO) fi Addi Bilisummaa Sidaamaa (ABS) shira walitti buíinsaa sirni Wayyaanee saboota adda addaa gidduutti, addatti ammoo ummata Oromoo fi ummata Sidaamaa gidduutti xaxuu fi sababa kanaanis balaa dhaqqabaa jiru gad jabeessanii balaaleffatu. Ummatni Oromoo fi ummanni Sidaamaa hariiroo firooma seenaa fi ollummaa gaarii bara dheeraa waliin qabu. Kana malees ummatoonni lamaanuu laalaa madaa gabrummaa wal fakkaataa qabu. Lamaanuu yeroo tokkichatti kan waliin caban qofa osoo hin taane, hanga haráattis sirnoota gabroomfatoo kooraa aangoo siyaasaa Itoophiyaa irratti wal jijjiiraa yoona gahaniin bitamaa jiru. Waan taheefis, ummatoonni hiree wal fakkaataa qaban kun lamaanuu shira diinni wal dura isaan dhaabuuf jecha gidduu isaaniitti xaxu kana battalumatti fashalsuuf waliin hojjechuu tu irraa eegama.

Ummatoonni cunqurfamoon kamuu, addatti ammoo ummanni Oromoo fi ummatni Sidaamaa gurra isaanii olola shiraa diinaaf ergisuu irraa of qusatanii akkuma aadaa isaaniitti koree manguddoo waliin dhaabbachuudhaan walii isaanii gidduutti dafanii araara akka buusan wamicha goona. Rakkoolee hawaasummaa dabree dabree gidduu isaaniitti dhalchuu malaniif mootummaa diinaa irraa furmaata eeguu osoo hin taane, karaa manguddoota isaanii ofumaaf furachuudhaan nagaa, jaalalaa fi wal mararfannoo jabeeffatanii mootummaa Wayyaanee wal isaan nyaachisuu hawwu akka qaanfachiisan waamicha keenya waloon dabarsina. Mootummaa Wayyaanee diina waloo tahe kanas irree walootiin rukutanii of irraa buusuuf wal tumsi ummatoota laalaa wal fakkaataa qabanii murteessaa tahuu hiree kanaan yaadachiisuu feena.

Qabsoon Ummatoota Cunqurfamoo Ni injifata!!

Adda Bilisummaa Oromoo

Adda Bilisummaa Sidaamaa

Waxabajjii 29, 2012